Dambii Lakk. 181/2008

**Dambii Gurmaa'insa Waldaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe**

Rakkoo Mana jireenyaa hiikuuf Imaammataa fi Tarsiimoo Mootummaan baase hojiitti hiikuun rakkoolee manneen jireenyaa Magaalota Naannoo Oromiyaa keessatti mul'atu hiikuuf hojimaata isaa diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Sagantaa Manneen jireenyaa keessaa tokko kan ta'e cimsuuf lammiileen akkaataa fedhii isaaniitiin walitti gurmaa'anii sagantaa Waldaa Ijaarsa Mana Jireenyaatiin hammatamuun mana jireenyaa ijaarachuu akka danda'an taasisuuf haala mijeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lakk.163/2003, keewwata 65(2) fi Labsii Waldaa Hojii Gamtaa Federaalaa lakk. 147/1991 keewwata 59 tiin Dambiin kanatti aanu Bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Dambiin kun **"Dambii Gurmaa'insa Waldaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 181/2008"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

   1) **"Mootummaa"** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
   2) **"Naannoo"** jechuun Naannoo Oromiyaati.
   3) **"Biiroo"** jechuun Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa Oromiyaati.
   4) **"Labsii"** jechuun Labsii Waldaa Hojii Gamtaa Federaalaa lakk. 147/1991 jechuudha.
   5) **"Waajjira"** jechuun Waajjira Industirii fi Misooma Magaalaa Godinaa yookiin Aanaa jechuudha.
   6) **"Bulchiinsa Magaalaa"** jechuun Magaalota Naannoo Oromiyaa Mana Maree mataa isaanii qaban jechuudha.
   7) **"Ejensii"** jechuun Ejensii Misoomaa fi Manajimantii Lafa Magaalaa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
   8) **"Yuuniyeenii"** jechuun waldaalee ijaarsa mana jireenyaa bu'uura kaayyoo walfakkaatu qaban lamaa fi isaa ol ta'an waliin gurmaa'an waldaa sadarkaa lammaffaa jechuudha.
   9) **"Ka'umsa Gatii Liizii"** jechuun baasii bu'uuraalee misoomaa gurguddoo diriirsuuf barbaachisu, qabeenya laficha irra qubatee jiru kaasuu fi baasiiwwan biroo tilmaama keessa kan galche gatii ka'umsa lafaa jechuudha.

10) **"Waldaa"** jechuun waldaa ijaarsa mana jireenyaatiif gurmaa'ee fi galmaa'ee qaama seerummaa argate jechuudha.
11) **"Waldaa Buleeyyii"** jechuun bara 2001 dura waldaa ijaarsa mana jireenyaatiif gurmaa'ee fi galmaa'ee qaama seerummaa argate jechuudha.
12) **"Waldaa Haarawa"** jechuun qajeelfama lakk. 11/2007 Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa Oromiyaatiin bahee fi dambiin kun erga bahe booda waldaa ijaarsa mana jireenyaatiif gurmaa'ee fi galmaa'ee qaamni seerummaa kennameef jechuudha.
13) **"Mana Hojii"** jechuun dhaabbilee misoomaa mootummaa yookiin dhaabbilee dhuunfaa hojjattoota isaaniif baasii ijaarsa manaa hanga tokko yookiin guutuu kaffalee mana jireenyaa isaaniif ijaaruuf heyyamamaa ta'e jechuudha.
14) **"Diyaaspooraa"** jechuun lammiilee Itoophiyaa ta'anii Naannoo Oromiyaa irraa deemanii biyya alaa jiraachaa jiran jechuudha.
15) **"Diyaaspooraa Deebi'e"** jechuun jiraataa Naannoo Oromiyaa ta'ee biyya alaa turee biyyatti erga deebi'ee waggaa lamaa fi isaa ol kan ture jechuudha.
16) **"Mana Magaalaa "** jechuun mana abbaa darbii tokkoo (G+1), darbii lama (G+2) darbii sadii (G+3) ta'ee mooraa karra seenuu fi bahuu ofdanda'e kan qabu jechuudha.
17) **"Appaartaamaa"** jechuun mana abbaa darbii afurii (G+4) fi isaa olii ta'ee akkaataa pilaanii itti fayyadama lafa hayyamameen mana waliinii qabeenyummaan isaa kan tokko tokkoon miseensa waldichaa yookiin dhuunfaa ta'e jechuudha.
18) **"Viillaa"** jechuun akkaataa ramaddii iddoo pilaanii magaalichaatiin mana bilookkeettii, dhakaa yookiin meeshaa naannootiin ijraaramee mooraa ofdanda'e qabu jechuudha.
19) **"Mana Ijaarsa Meeshaa Naannoo"** jechuun akaataa sadarkaa iddoo pilaanii magaalichaan dandeettii waldichaa giddugaleessa godhatee murtee hooggansa magaalaan meeshaa mana jireenyaa ijaaruuf oolu jechuudha.
20) **"Herrega Cufaa"** jechuun Waldaa ijaarsa manneeniitiif maqaa waldichaatiin baasii ijaarsaa manneen isaaniif oolu herrega hin sochoone baankii Daldala Itiyoophiyaa, Baankii Waldaa Hojii Gamtaa Oromiyaa yookiin Waldaa Liqii fi Qusannoo Oromiyaa keessa kan taa'u jechuudha.
21) **"Dizaayinii"** jechuun ragaa hanga gamoo tokkoo fi tokkoo ol akaakuu fi bal'ina, akkasumas meeshaa fi diizaayinii tooftaa ijaarsa gamoo agarsiisu jechuudha.
22) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.
23) **"Hojjataa Mootummaa"** jechuun namoota mana hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misoomaa mootummaa keessatti mindeeffamanii hojjachaa jiran jechuudha.

3. **Ibsa Koornayaa**

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata

4. **Daangaa Raawwatiinsaa**

Dambiin kun Magaalota Mootummaa Naannoo Oromiyaa qaama seerummaa qaban hunda keessatti raawwatiinsa ni qabaata.

**Kutaa Lama**

**Ulaagaalee Miseensa Waldaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Ta'anii**

**Gurmaa'uu fi Galmaa'uuf Barbaachisan**

5. **Ulaagaalee Waldaa Haaraan Gurmaa'uuf Barbaachisan**

Labsicha keewwata 13 keewwata xiqqaa (2-5) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, miseensa waldaa ijaarsa mana jireenyaa ta'uun gurmaa'uuf ulaagaaleen armaan gadii dabalataan guutamuu qabu:

1) Umriin isaa waggaa 18 fi isaa ol kan ta'ee fi seeraan kan hin dhorkamne;
2) Magaalicha keessa walitti aansee waggaa lamaa fi isaa ol kan jiraachaa jiru;
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, magaalotni dhiyeessii lafa irratti rakkoo hin qabne turtii waggaa lamaa osoo hin eegin kan ji'a jaha magaalicha keessa jiraate gurmeessuun ni danda'ama; raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
4) Maqaa isaatiinis ta'ee maqaa haadha warraa yookiin abbaa warraatiin magaalota Naannichaa keessatti mana yookiin lafa mana jireenyaa kan hin qabne yookiin qabaatee qaama sadaffaatti kan hin dabarsine;
5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 5 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, namoota sababii hojiitiin bakka tokkoo gara bakka biraa jijjiiraman hin ilaallatu. Raawwiin isaa qajeelfama baahuun kan murtaa'u ta'a;
6) Magaalaa sagantaan misooma manneenii keessatti gaggeeffame yookiin Mootummaa Naannichaatiin Magaalaa Finfinnee keessaa carraa sagantaa misooma manaa 10/90, 20/80 fi 40/60 kan hin arganne yookiin argachuuf hin galmoofne yoo galmaahee jiraate haqamuu isaa kan ragaa dhiyeessu;
7) Iddoon jireenyaa isaa dhaabbataan Magaalicha keessa ta'ee, waggoota walitti aanan lamaaf Magaalicha keessa yoo jiraachuu baate ragaa gahaa dhiyeeffachuu kan danda'u. Haalli raawwii isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
8) Waldaa Buleeyyii yoo ta'e, ulaagaa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 - 8 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, waldaa jiraattota biyya keessaa yoo ta'e, waraqaa ragaa qaama seerummaa qaama gurmeesse irraa kennameef dhiyeeffachuu kan danda'u.

6. **Bakka Miseensonni Itti Gurmaa'an**

1) Hojjataa mootummaa Aanaa yoo ta'e, hojjataa mootummaa ta'uu isaatii Magaalaa Aanaa yookiin Magaalaa Aanaa keessa jiraatu tokko keessatti gurmaa'uu ni danda'a;

2) Hojjataa warshaalee, hojjataa yunivarsitii yookiin dhaabbilee misoomaa mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti hojjatu yoo ta'e magaalaa keessa jiraatu yookiin magaalaa Aanaa keessa jiraachaa jiru keessatti gurmaa'uu ni danda'a;
3) Hojjataan manneen hojii fi dhaabbilee adda addaa sadarkaa naannoo Oromiyaa keessa hojjatu Magaalota Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee yookiin magaalota biroo filate tokko keessatti gurmaa'uu ni danda'a.

**7. Akkaataa Kaffaltii**

1) Miseensi waldichaa magaalaa liiziin bulu keessatti ka'umsa gatii liiziitiin, magaalaa kiraadhaan bulu keessatti kaffaltii kiraa lafaa kaffalee iddoo ijaarsa manaa kan argatu ta'a.
2) Tilmaama gatii manichaa taa'e bu'uurreeffatee ijaarsa manaatiif yeroo gurmaa'u % 15, yeroo lafa harkaan gahatu % 15 kan qusatu ta'ee, kan hafu dhawaataan ijaarsa manaa keessatti kan qusatu ta'a.
3) Diyaaspooraa yoo ta'e, baasii ijaarsa manichaa yeroo gurmaa'u % 30, yeroo lafa harkaan gahatu % 20 herrega baankii cufaa Baankii Daldala Itiyoophiyaa yookiin Baankii Waldaa Hojii Gamtaa Oromiyaatti sharafa biyya alaatiin kan qusatu ta'ee, kaffaltii hafu dhawaataan ijaarsa manaa keessatti kan qusatu ta'a.

**8. Ulaagaa Qonnaan Bulaaf Yookiin Horsiisee Bulaaf Barbaachisu**

Qonnaan bulaaf yookiin Horsiisee Bulaan ulaagaa Dambii kana keewwata 5 keewwata xiqqaa 2n ala jiran kan guutu yoo ta'e, magaalaa aanaa isaa keessatti gurmaa'uu ni danda'a;

**9. Waldaa Haarawa Keessatti Gurmaa'uu;**

Namni waldaa haarawa hundaa'u keessatti gurmaa'u fedhii fi humna maallaqaatiin kan walgitu ta'uu fi waliin hojjachuuf kan waliigale ta'uu qaba.

## Kutaa Sadii

## Bal'ina Lafaa, Gosa Manneenii fi Gatii Ijaarsaa

**10. Bal'ina Lafaa**

Kenniinsi lafa ijaarsa mana jireenyaa miseensota waldaatiif kennamu bu'uura seera lafa magaalota Oromiyaa liiziin bulchuuf baheen ta'ee bal'inni lafichaa akkaataa armaan gaiidiitiin ta'a:

1) Magaalota garee 1ffaa fi 2ffaa ramadaman keessatti miseensa tokkoof hanga $M^2$ 140 ta'ee ijaarsi akkaataa sadarkaa pilaanii magaalaa fi gosa manaa waldichi filateen ta'a.
2) Magaalota garee 3ffaa ramadaman keessatti miseensa tokkoof lafa hanga $M^2$ 160 ta'a.
3) Magaalota kiraadhaan bulan keessatti miseensa tokkoof lafa hanga $M^2$ 200 ta'a.

4) Magaalota garee 1ffaa, 2ffaa fi 3ffaa keessatti Manni waldaan ijaaramu appaartaamaa yoo ta'e waldaa tokkoof akka baay'ina miseensa waldichaatti pilaanii magaalaa eeggatee kan murtaa'u ta'ee hanga $M^2$ 700 fi nama tokkoof hanga $M^2$ 110 ta'uu ni danda'a.
5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 - 4 jalattii kan tumame akkuma jirutti ta'ee, iddoon waldaa tokkoof kennamu keessaa iddoon magaariisuu hanga % 30 qabaachuu qaba.

## 11. Qophii Lafa Waldaa Mana Jireenyaa

Lafti waldaa mana jireenyaatiif qophaa'u iddoo ijaarsa mana jireenyaa bu'uura pilaanii magaalicha keessatti murtaa'een kan raawwatamu ta'a,

## 12. Gosa Mana Waldaan Ijaaramuu

1) Magaalota garee 1ffaa fi 2ffaa keessatti akkaataa pilaanii iddichaaf hayyamamuun appaartaamaa, mana magaalaa fi viillaa bilokeettiin ta'a.
2) Magaalota garee 3ffaa keessatti appaartaamaa, mana magaalaa, viillaa bilokeettii fi mana ijaarsa meeshaa naannoo irraa ijaaramuun ta'a.
3) Magaalota mana qopheessaa fi mana qopheessaa guddattuu keessatti viillaa bilokeettii fi viillaa mana ijaarsa meeshaa naannootiin akka ijaarratan hayyamamuu ni danda'a.
4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, haala qabatamaa magaalichaatiin ulaagaa garee 3ffaa keessatti tumame magaalota garee 1ffaa fi 2ffaa irrattis raawwatiinsa kan qabaatu ta'ee, raawwiin isaa % 25 ol ta'uu hin danda'u.

## 13. Tilmaama Gatii Ijaarsaa

Tilmaamni gatii ijaarsaa:

1) Jiraattota Biyya Keessaa fi Diyaaspooraa Deebi'eef
   a) Mana appaartaamaa yoo ta'e, abbaan kutaa ciisicha tokkoo $M^2$ 60 qarshii 150,000.00, abbaa kutaa ciisicha lamaa $M^2$ 80 qarshii 200,000.00, abbaan kutaa ciisicha sadii $M^2$ 100 qarshii 250,000.00 fi abbaan ciisicha afurii $M^2$ 110 qarshii 275,000.00 ta'a.
   b) Mana magaalaaf (town house G+1) bal'ina lafaa 80 $M^2$ irra kan qubatu qarshii 340,000.00 fi town house (G+2) qarshii 595,000.00, G+3 Qarshii 935,000.00 ta'a.
   c) Viillaa mana bilokeettii ta'ee lafa $M^2$ 80 irra kan qubatu qarshii 153,000.00 ta'a
   d) Mana meeshaalee ijaarsa naannootiin ijaaramu bal'ina lafaa kan $M^2$ 75 irra qubatu qarshii 45,313.00 ta'a,
   e) Tilmaamni baasii ijaarsaaf barbaachisu keewwata kana keewwata xiqqaa 1 ( a - d ) jalatti ibsame jiraatuyyuu waldootiin dizaayinii ofii isaanii dhiyeeffataniin gatiin isaa jijjiiramuu ni danda'a.

2) Diyaaspooraaf

a) Manni jaaramu appaartaamaa yoo ta'ee, abbaa kutaa ciisicha lamaa $M^2$ 80 qarshii 400,000.00, abbaan kutaa ciisicha sadii $M^2$ 100 qarshii 550,000.00 fi abbaan ciisicha afurii $M^2$ 110 qarshii 700,000.00 ni ta'a.

b) Mana magaalaaf G+1, G+2 fi G+3 bal'ina lafaa $M^2$ 80 irra kan qubatu ta'ee qarshii 500,000.00, 800,000.00 fi 1,100,000.00 walduraa duubaan ni ta'a.

c) Baasiin ijaarsaa keewwata xiqqaa 2 (a fi b) jalatti ibsame kun haala gatii gabaa yeroo irratti hundaa'ee dabaluu yookiin hir'achuu ni danda'a.

d) Tilmaamni baasii ijaarsaaf barbaachisu keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (a - c) jalatti tumame jiraatiyyuu waldaaleen dizaayinii ofii isaanii filatanii dhiyeeffataniin gatiin isaa jijjiiramuu ni danda'a.

3) Tilmaamni gatii ijaarsaa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti tumame gatii ijaarsa manneenii baasii hojii xumuraa hin dabalatu.

## Kutaa Afur
## Adeemsa Gurmaa'insa Waldaa fi Baay'ina Miseensota Waldaa

### 14. Adeemsa Gurmaa'insaa

Adeemsa gurmaa'insa miseensota waldaa dambii itiin bulmaata isaaniitiin murtaa'u akkuma eeggameetti ta'ee,

1) Miseensi waldaa jiraataa biyya keessaa qaamaan dhiyaachuun kan gurmaa'u yoo ta'u, diyaaspooraan qaamaan yookiin bakka bu'iinsaan qaama gurmeessutti dhiyaatee gurmaa'ee galmaa'uu ni danda'a.

2) Qaamni waldaa gurmeessu ulaagaa guutuu isaa erga mirkaneeffatee booda maqaa waldichaatiin herregni baankii cufaa Baankii Daldala Itiyoophiyaa, Baankii Waldaa Hojii Gamtaa Oromiyaa yookiin Waldaa Liqii fi Qusannoo Oromiyaatti akka banamu ni taasia; Tarreeffamni isaa qajeelfama bahun kan murtaa'u ta'a.

3) Qaamni waldaa gurmeessuuf aangoon kennameef waldaa ulaagaa guutee galmaa'eef waraqaa ragaa qaama seerummaa kennuudhaan akka lafa argachuu danda'aniif Ejensiif ni dabrsa.

### 15. Waldaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Buleeyyii

Waldaan mana jireenyaa buleeyyii:

1) Waldaa buleeyyiin kanaan dura galmaa'ee waraqaa ragaa qaama seerummaa argate ulaagaa Dambii kana keessatti taa'e yoo guute irra deebiin galmaa'uun lafti kennamuufii ni danda'a;

2) Waldaa buleeyyiin miseensonni isaanii keessaa harca'anii ulaagaa Dambii kana keessa taa'e hin guutne qaama aangoon kennameefiin waldaa buleeyyii birootti makamuu yookiin miseensa haaraa itti dabaluun maqaa duraa jijjiiruun osoo hin barbaachisin irra deebiin kan gurmaa'an ta'a.

**16. Qaama Ijaarsa Mana Waldaalee Gaggeessuu**

1) Ijaaarsi waldaa mana jireenyaa karaa Ejensii Ijaarsa Misooma Manneenii Naannoo Oromiyaatiin yookiin karaa waldaatiin dhaabbata dhuunfaa waldichi filateen kan gageeffamu ta'a.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, miseensi waldichaa ofii isaatii yookiin dhaabbata dhuunfaa filateen mana ijaarachuu ni danda'a. Raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2tiin ijaarsi manaa gaggeeffamu dizaayinii kennmeef yookiin dizaayinii mataa ofii isaa baafatee Waajjira Konistiraakshinii Godinaa yookiin Magaalaatiin mirkanaa'ee kennamee irratti hundaa'ee ta'uu qaba.

**17. Baayi'ina Miseensota Waldaa**

1) Baay'inni miseensota waldaa buleeyyii kanuma duraan ittiin gurmaa'an ta'a.
2) Baay'inni miseensota waldaa haaraa 12 hanga 24 ta'ee manneen appaartaamaa irratti lakkoofsi dabaluu ni danda'a.

**18. Hojjataa Karaa Mana Hojiitiin Akka Gurmaa'u Taasifamu**

1) Hojjattonni mana hojii tokko keessa jiranii fi walbeekan walitti dhufuun fedhii manaa walfakkaatuu fi dandeettiin isaanii kan walsimu, karaa mana hojii isaanii irraa xalayaa qabachuun qaama gurmeessu biratti gurmaa'uu ni danda'u;
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatullee, hojjattoonni manneen hojii adda addaa keessa jiranis waliin gurmaa'uu ni danda'u.

**19. Manneen Hojii Hojjattoota Isaaniitiif Mana Jireenyaa Waldaan Ijaaran;**

Manni hojii namoota mana ijaaruufii barbaadu maqaa isaanii fi kaffaltii hanga Dambii kana keessatti murtaa'e galii yoo godhe gurmaa'uu ni danda'a. Haalli raawwii isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**20. Waldaa Galmeessuu fi Mirkaneessuu**

1) Waldaan ijaarsa mana jireenyaa qaama seerummaa argachuuf barreeffama hundeeffamaa fi dambii itti bulmaataa qopheeffachuu qaba. Haalli raawwii isaa qajeelfama bahun kan murtaa'u ta'a.
2) Waldaan ijaarsa mana jireenyaa kamiyyuu qaama aangoo qabuu biratti galmaa'uun mirkanaa'uu qaba.
3) Tokkoo tokkoon waldaa akkaataa sagantaa galmee bahuun qaama gurmeessutti qaamaan dhiyaatee galmaa'uu fi miseensota isaas galmeessisuu qaba.
4) Waldaan hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa tokkoo tokkoon miseensa isaa akkaataa sagantaa kenniinsa ashaaraa bahuun dhiyaatee ashaaraa qubaa kennuu qaba.

**21. Miseensummaa Irraa Haqamuu fi Akkaataa Kennaa Sagalee**

Haalli miseensa keessaa haqamuu fi kenna sagalee Dambii itiin bulmaata waldichi baasuun kan murtaa'u ta'a.

**22. Murteewwan Itti Fayyadamummaa Dursaa Argachiisu**

Waldaaleen dubartootaa yookiin qaama miidhamtoota qofaan gurmaa'an akkaataa tartiiba galmeetiin dursi ni kennamaaf.

## Kutaa Shan
## Qaamolee Hooggansa Waldaalee

**23. Qaamolee Hooggansa Waldaa**

Waldaan Ijaarsa Mana Jireenyaa qaamolee hooggansaa armaan gadii ni qabaata:

1) Yaa'ii Waliigalaa
2) Koree Hoji Gaggeessituu
3) Koree Too'annoo.

**24. Hooggansa Ol'aanaa Waldaalee**

Hooggansi ol'aanaa waldaa mana jireenyaa yaa'ii waliigalaa miseensotaati.

**25. Aangoo fi Gahee Hojii Yaa'ii Waliigala Waldaalee**

Aangoon Yaa'ii waliigalaa waldaalee dambii ittiin bulmaata keessoo waldichaatiin kan murtaa'u ta'a.

**26. Itti Waamamaa, Aangoo fi gahe hojii fi Baay'inaa Koree Hojii Gaggeessituu**

1) Itti waamamni koree hojii gaggeessituu yaa'ii waliigala miseensotaatiif ta'a.
2) Baay'inni miseensota koree hojii gaggeessituu shanii hanga torbaa ta'uu ni danda'a. Tarreeffamni isaa dambii ittiin bulmaata waldichaatiin kan murtaa'u ta'a.
3) Barri hojii koree hojii gaggeessaa waggaa sadii ta'ee, miseensi tokko walitti aansee yeroo lamaa ol irra deebiin filatamuu hin danda'u.

**27. Koree Too'annoo**

1) Waldaan kamiyyuu koree too'annoo nama sadii qabu yaa'ii waliigalaa keessaa ni filata.
2) Barri hojii koree too'annoo waggaa sadii yoo ta'u itti waamamni korichaa yaa'ii waliigalaa tiif ta'a.

**28. Aangoo fi Gahee Hojii Hoji Gaggeessaa**

Waldaan Hoji gaggeessaa kan qabaatu ta'ee, aangoo fi gaheen hojii hoji gaggeessaa dambii ittiin bulmaata waldichaatiin kan murtaa'u ta'a.

**29. Odiitii Maallaqaa**

Waldaan kamiyyuu haalaa fi yeroo dambii ittiin bulmaata isaa keessatti tumamuun qorannaa herreega maallaqaa fi qabeenya isaa ni taasisa. Tareeffamni isaa qajelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**Kutaa Jaha**

**Aangoo, Hojii fi Ittigaafatamummaa Qaamolee Adda Addaa**

**30.** Aangoon waldaa mana jireenya magaalota Naannoo Oromiyaa keessati gurmeessuu, galmeessuu fi qaama seerummaa kennuu Biiroo, Waajjiraa fi Bulchiinsa magaalotaaf kennamee jira.

1) **Aangoo fi Hojii Biiroo**

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee; Biiroon aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

a) Qajeelfama waldaa baasuu, hundeeffama waldaa ilaalchisee maanuwaalii, moodela dambii ittiin bulmaataa, barreeffama hundeeffamaa waldaa ni qopheessa;

b) Dizaayinii sadarkaa isaa eeggatee fi topology gamoo ijaaramuu akkasumas tilmaama gatii ijaarsaa ni qopheessa; hojimaata ittiin hordofamu ni diriirsa; leenjii fi hubannoo ni kenna; raawwii isaanii ni madaala;

c) Lafa ramaddiin waldaa mana jireenyaatiif kennamu yeroon qophaa'uu isaa ni mirkaneeffata; hordofii fi deeggarsa ni taasisa;

d) Caasaa fi gurmaa'insa hojiilee waldaa ijaarsa manneenii ittiin raawwatu qoratee ni diriirsa; akka hojiirra oolu ni taasisa; ni hordofa; ni too'ata; ni sirreessa;

e) Qooda fudhattootni adda addaa qindoominaa fi walitti hidhamiinsa uumuun ijaarsa mana jireenyaa dhiiyeessiin bu'uuraalee misoomaa fi galteewwanii akka guutu hordoffii fi deeggarsa ni taasisa; haala ni mijeesssa;

f) Gurmaa'insaa fi galmeeffama waldaa ijaarsa mana jireenyaa raawwii fi komii jiru ni hordofa; ni sirreessa.

2) **Aangoo fi Hojii Waajjira Industirii fi Misooma Magaalaa**

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee; Waajjirri aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

a) Waajjira Industirii fi Misooma Magaalaatti caasaan dhimma manaa ilaallatu Magaalota mana qopheessaa fi mana qopheessaa guddattuu keessatti bakka caasaan Aanaa hin jirretti waldaa mana jireenyaa ni gurmeessa; ni galmeessa; qaama seerummaa ni kenna;

b) Moodeela hundeeffamaa, qaboo yaa'ii, moodeela dambii ittiin bulmaataa, akkasumas sanadoota adda addaa Biiroo irraa ergamuuf magaalotaaf ni dabarsa;

c) Waldaan ijaarsa mana jireenyaa karaa Godinaatiin gurmaa'an waraqaa ragaa qaama seerummaa ni kenna;

d) Sababa adda addaatiin miseensi waldaa yoo gadhiise yookiin miseensummaa irraa haqame dhimma isaa qulqulleessuun ni mirkaneessa;

e) Manneen karaa mana hojiitiin ijaaraman yammuu xumuraman miseensota galmaa'aniif qaqqabuu isaa mana hojii waliin ta'uun ni mirkaneessa;

f) Waldaaleen ijaarsa mana jireenyaa gurmaa'anii galmaa'an hojii yammuu jalqaban baasii fi galii isaanii ilaalchisee herrega seeraan akka galmeessanii qabatan ni hordofa; yeroo barbaachisaa ta'us herrega isaanii odiitara eeyyama qabuun qorachiisee gabaasni isaa akka dhiyaatu ni taasisa;

g) Waldaan ijaarsa mana jireenyaa gurmaa'ee ture sababa adda addaatiin yoo diigame maallaqni herrega baankii cufaa Baankii Daldala Itiyoophiyaa, Baankii Waldaa Hojii Gamtaa Oromiyaa yookiin Waldaa Liqii fi Qusannoo Oromiyaa keessatti qabamee jiru miseensotaaf akka deebi'u yaa'ii waliigalaa waldichaatiin murtaa'ee qaboo yaa'iin qabamee gaaffiin yammuu dhiyaatu bu'uura seeraatiin ta'uu isaa qulqulleessee murtii ni kenna;

h) Hojii fi ittigaafatamummaa adda addaa seerota waldaa hojii gamtaa irratti tumaman kan biroo ni raawwata.

3) **Aangoo fi Hojii Bulchiinsa Magaalaa**

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee; Bulchiinsi Magaalaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

a) Bulchiinsi magaalotaa mana qopheessaa adeemsa dhimma manaa raawwachuuf caasefameen waldaa mana jireenyaa gurmeessuun galmeessu qaama seerummaa ni kennu;

b) Namni waldaan gurmaa'u kamiyyuu ragaa ulaagaa dambii kana keessatti tumaman guutee dhiyyefachuu isaa ni qulqullessa; ni mirkaneessa;

c) Waldaa ijaarsa mana jireenyaa barbaachisummaa isaa, sirnaa fi adeemsa gurmaa'uu fi galmaa'uu ilaalchisee ragaalee barbaachisaa ta'an hundumaa haala iftoomina qabuun qopheessee ni kenna;

d) Haala adeemsa miseensonni ittiin galmaa'an unkaalee adda addaa, qaboo yaa'ii barreeffama hundeeffamaa, moodeela dambii ittiin bulmaataa, sanadoota biraa barbaachisaa ta'an moodeela Biiroo irraa ergamuuf irratti hundaa'ee hojiirra ni oolcha;

e) Sababa adda addaatiin miseensi waldaa yoo gadhiise yookiin miseensummaa irraa haqame dhimma isaa qulqulleessuun ni mirkaneessa;

f) Manneen kara mana hojiitiin ijaaraman yammuu xumuraman miseensota galmaa'aniif qaqqabuu isaa mana hojii waliin ta'uun ni mirkaneessa;

g) Waldaaleen gurmaa'anii galmaa'an hojii yammuu jalqaban baasii fi galii isaanii ilaalchisee herrega seeraan akka galmeessanii qabatan ni hordofa; yeroo barbaachisaa ta'us herrega isaanii odiitara eeyyama qabuun qorachiisee gabaasni isaa akka dhiyaatu ni taasisa;

h) Waldaaleen gurmaa'anii turan sababa adda addaatiin yoo diigame maallaqni herrega baankii cufaa keessatti qabamee jiru miseensotaaf akka deebi'u yaa'ii waliigalaa waldichaatiin murtaa'ee qaboo yaa'iin qabamee gaaffiin yammuu dhiyaatu maallaqni akka gadi lakkifamuuf ni taasisa;

i) Hojii fi ittigaafatamummaa adda addaa seerota waldaa hojii gamtaa irratti tumaman kan biroo ni raawwata.

4) **Aangoo fi Hojii Ejensii**

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee; Ejensiin aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

a) Lafa waldaa ijaarsaa mana jireenyaatiif oolu ni qopheessa; ni murteessisa; yeroo hayyamamu waldaaleef tartiiba galmee isaaniitiin ni kennaaf;

b) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1n lafa murtaa'e qophaa'e guyyaa hojii kudhan keessatti sanada qabiyyee lafaa qopheessee harkaan ga'uun qaama gurmeesse ni beeksisa;

c) Lafti waldichaaf kennamu magaalota liiziin bulan keessatti gatii ka'umsa liiziitiin; magaalota kiraan bulan keessatti gatii ka'umsa kiraatiin ni kenna;

d) Lafti qophaa'e baay'ina waldaalee ulaagaa guutanii dhiyaataaniin kan wal hin geenye yoo ta'e, tartiiba galmee waldaaleetiin lafa ni kennaaf;

e) Lafti waldaaf kennamu bu'uura pilaanii magaalichaatiin iddoo mana jireenyaaf mijataa ta'uu qaba;

f) Ijaarsi mana jireenyaa waldaalee bu'uura pilaanii hayyamameen ijaaramee xumuramuu isaa Waajjira Konistiraakshinii Godinaa yookiin Magaalaan yeroo mirkanaa'u ragaa abbaa qabeenyummaa maqaa waldichaatiin jiru maqaa tokkoo tokkoo miseensaatiin qopheessee ni kenna;

g) Ragaa waldaalee lafti kennameef qindeessee ni qabata.

5) **Aangoo fi Hojii Waajjira Konistiraakshinii Godinaa fi Magaalaa**

a) Waldaaleen ijaarsa manneenii lafti eeyyamameef bu'uura pilaanii magaalaa sadarkaa ijaarsaa eeguun akka ijaaran ragaa pilaanii waliigaltee ni kenna;

b) Waldaaleen ijaarsa manneenii pilaanii waliigaltee kennameef, caasaa pilaanii misooma magaalaa, akkasumas dizaayinii seeraa sadarkaan ijaarsaa barbaaduun guuttatee yoo dhiyaate, hayyama ijaarsaa ni kenna; ni hordofa; ni too'ata; ni sirreessa;

c) Waldaaleen gaaffii fooyya'iinsaa fi haaromsa ijaarsaa yoo dhiyeessan xiinxalee hayyama ni kenna;

d) Ragaalee waldaalee eeyyamni ijaarsa manneenii kennameef qindeessee ni qabata;

e) Sadarka ijaarsaa manneen waldaaleen irra gahan ilaaluun qarshii herrega baankii cufaa keessa jiru akka gadi lakkifamuuf qaama ilaallatuuf xalayaa ni barreessa;

f) Waldaaleen lafa fudhatanii fi hayyama ijaarsaa argatan akkaataa labsii gamootiin waliigaltee galaniin, ijaarsa jalqabuu fi xumuruu isaanii ni too'ata;

g) Ijaarsi mana waldaalee akkaataa waliigalteetiin xumuramuu isaa mirkaneessuun kaartaa fi pilaaniin miseensota waldichaaf dhuunfaan hojjatamee akka kennamuuf xalayaa Ejensiif ni barreessa;

h) Ijaarsi manichaa istaandaardii fi dizaayinii taa'eef irratti hundaa'ee xumuramuu isaa ni mirkaneessa; walharkaa fuudhiinsi akka taasifamu waldichaaf xalayaa ni barreessa.

6) **Hojii Manneen Hojii Hojjatootni Isaanii Waldaadhaan Gurmaa'anii**

a) Hojjattootni mana hojii isaanii ulaagaa gurmaa'insa waldaa dambii kana keessatti tumame kan guutan ta'uu addaan baasee haala mijeessuun qaama ilaallatuuf ni dabrsa;

b) Manneen hojii hojjatoota isaaniif waldaan mana ijaaran maqaa isaanii fi baasii ijaarsa manneeniif hanga barbaachisu Baankii yookiin waldaa liqii fi qusannoo Oromiyaa galchuun, qaama waldicha gurmmeessutti dhiyaachuun waldicha ni galmeessisa, qaama manicha ijaaruuf waliigaltee raawwatee ni beeksiisa;

c) Miseensi waldaa baasiin ijaarsa manaa, mana hojii isaaniitiin kaffalameefii miseesnummaan isaanii addaan cite qaama waldaa gurmeessee fi waldicha waliin ta'uun miseensa biraa ulaagaa dambii kana keessatti taa'e guutu bakka ni buusa.

**31. Qaama Ijaarsa Manaa Raawwatuu**

1) Labsii Gamoo Lakka. 174/2004 fi Dambii Gamoo Naannoo Oromiyaa Lakka. 156/2005tiin akkasumas Dambii kana irratti hundaa'ee waldaalee ijaarsa mana jireenyaa wajjin waliigaltee bareeffamaa ni raawwata;

2) Akkaataa waliigaltee manicha ijaaruuf raawwateen ijaarsicha dizaayinii fi istandaardii taa'een qulqullinaa fi yeroo jedhame keessatti raawachuuf dirqama ni qaba;

3) Ijaarsi manichaa akkaataa waliigaltee, istandaardii fi dizaayinii taa'een xumuramuu isaa Waajjira Konistiraakshinii Godinaa yookiin Magaalaatiin yoo mirkanaa'e waldicha wajjin walharkaa fuudhiinsa ni raawwata.

**32. Gahee Hojii fi Ittigaafatamummaa Waldaa**

1) Waldaan kamiyyuu miseensonni isaa fedhii fi dandeettii walfakkaataa kan qaban naannoo tokko kan jiraatan yookiin hojjatanii fi walbeekan ta'uu ni mirkaneeffata;

2) Dambii ittiin bulmaataa, karoora hojii, qaboo yaa'ii barreeffamaa hundeeffama waldaa fi sanadoota adda addaa barbaachisaa ta'an ni qopheeffata;

3) Miseensota bakka bu'uun galmeessisuu irraa jalqabee herrega baankii cufaa Baankii Daldala Itiyoophiyaa, Baankii Waldaa Hojii Gamtaa Oromiyaa yookiin Waldaa Liqii fi Qusannoo Oromiyaatti ni bana; gaaffii lafaa fi meeshaalee ijaarsaa ni dhiyeessa; ni raawwachiisa;

4) Qaama ijaarsa mana waldaa akka raawwatu filate wajjin waliigaltee ijaarsaa ni seena; kaffaltiis ni raawwata;
5) Ijaarsi manaa haala waliigaltee fi sadarkaa waliigalameen raawwatamuu isaa ni hordofa; ni too'ata; ni sirreessa;
6) Ijaarsi manaa yeroo xumuramu Waajjira Konistiraakshinii Godinaa yookiin Magaalaatiin erga mirkaneesisee booda walharkaa fuudhiinsa taasisuudhan carraa baasisuun miseensotaaf ni qooda;
7) Mirgaa fi faayidaa miseensotaa fi waldichaa ni kabachisiisa.

## 33. Gahee fi Ittigaafatamummaa Miseensa Waldaa

Dambii ittiin bulmaataa keessatti gahee fi ittigaafatamummaa miseensa waldaa ijaarsa mana jireenyaatiif taa'ee akkuma eegametti ta'ee, gahee fi ittigaafatamummaan miseensa waldaa kan armaan gadii bahuu qaba:

1) Miseensi waldaa kamiyyuu ulaagaalee dambii kana keessatti tumaman guutee argamuu qaba;
2) Haala dambii kana keessatti tumameen ala dhimmoota gurmaa'uu, galmaa'uu, dabarsuu fi kan kana fakkaatan ilaalchisee badii yookiin gocha seeraan ala miseensi waldaaa raawwatuuf dhuunfaanis ta'ee waliin kan itti gaafataman ta'u;
3) Miseensi waldaa yookiin waldaan kamiyyuu gocha seeraan alaa raawwatame qaama waldaa gurmeessuu fi galmeessuutti yeroon dhiyeessee tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu taasisuu qaba;
4) Miseensi waldaa kamiyyuu lakkoofsa herrega baankii cufaa maqaa waldaa isaaniitiin banametti galii taasisuu qaba;
5) Miseensonni waldaa kamiyyuu;
    a) Walgahii taasifamu irratti argamuu, mari'achuu, filachuu, filatamuu, murtii barbaachisaa waliin murteessuu;
    b) Dambii ittiin bulmaataa baafachuu, mirkaneessuu, qaboo yaa'ii barreeffama hundeeffamaa fi kan biraa irratti mallatteessuu;
    c) Kaffaltii galmee fi qooda (buusii) kaffaluu;
    d) Sochii hojii waldaa fi ijaarsa manaa gaggeeffamu dhiyeenyatti bakka ijaarsaatti argamuun hordofuu fi too'achuu;
    e) Humnaa fi beekumsaan deeggaruuf dhuunfaanis ta'ee waliin ittigaafatamummaa ni qabaatu;
    f) Ijaarsi manaa yammuu xumuramu iddoo ijaarsaatti argamuun mana carraan baheef fudhachuu qabu.

## Kutaa Torba
## Tumaalee Adda Addaa

**34. Dhorkaa**

Ulaagaalee Dambii kana keewwata 5 keessatti tumameen ala waldaalee ijaarsa mana jireenyaa gurmeessuu fi gurmaa'uun dhorkaadha.

**35. Adabbii**

Namni kamiyyuu Dambii kana keessatti dhimmoota tumaman cabsuun kan galmaa'e yookiin kan galmeesse, galmaa'uuf kan yaale yookiin kan dogoggorsiise, adeemsa galmee kan jeeqe, ragaa sobaa kennee fi dhiyeeffate seera Hariiroo Hawaasaatiin yookiin Yakkaatiin yookiin lamaaninuu kan itti gaafatamu ta'a.

**36. Sirna Keessumeessaa Komii**

1) Murtii gurmaa'insaa fi haala galmee ilaalchisee qaama gurmeessuu fi galmeessu irratti komiin dhiyaatu barreeffamaan guyyaa hojii kudhan walitti aanaan keessatti qaama waldaa gurmeesseef dhiyaachuu qaba;
2) Murtii qaamni gurmeesse kenne irratti qaamni hin quufne caasaalee komii dhagahuuf sadarkaa sadarkaan jiran irraa hanga Biirootti komii dhiyeeffachuun ni danda'ama; Murtiin kennamus akkaataa Dambii Dhimmoota Bulchiinsaa, Iyyannoo fi Komii Ummata Naannoo Oromiyaa Keessummeessuuf Bahe yeroo murtaa'e keessatti ta'uu qaba.

**37. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Qaamni kamiyyuu raawwii Dambii kanaatiif deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

**38. Seerota Raawwatinsaa Hin Qabaanne**

1) Qajeelfama Gurmm'insa Waldaa Hojii Gamtaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Gurmeessuuf Bahe lakk. 11/2007 Dambii kanaan haqamee jira.
2) Dambiin, qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawatiinsa hin qabaatan.

**39. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Dambii kana raawwachiisuuf Biiroon qajeelfama baasuu ni danda'a.

**40. Guyyaa Dambiin kun Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun Ebla 28 Bara 2008 irraa eegale hojiirra kan oolu ta'a.

**Muktaar Kadir**

**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

**Finfinnee**

Ebla 28 Bara 2008